

# Unka Walii Galtee Qorannoo Hatattamaa Antijiini COVID-19

Maqaa Barataa:
Guyyaa Dhaloota Barataa:
Mana Barumsaa:
Maqaa maatii/Guddisee:
Bakka jireenyaa:
Bilbila:

## Hubachiisa waliigaltee (informed consent notice) armaan gadii sirriitti erga dubbisteen booda qorannoo COVID-19 taasisuudhaf mallatteessi.

1. Barataa asii olitti maqaan isaa/ishee eerameef qorannoon COVID-19 kan Washington State Department of Health (Biiroo Fayyaa Washington State) tin dhiyaatu karaa Abbott Laboratories BinaxNOW tiin akka taasifamu nan hubadha; akkasumas Barruun Odeeffannoo Namoota Dhuunfaw waa'ee qorannoo ilaalchisee qophaa'e naaf kennamuu isaa na beeka.
2. Barataan armaan olitti maqaan isaa eerame qorannoo taasisuudhaf dhiyeessin meeshaalee qorannoo jiraachuu irratti akka hundaa'u nan hubadha.
3. Qaamni qorannoo taasisu barataa armaan olitti maqaan eerameef akka ogeessa fayyaatti akka hin tajaajille nan hubadha. Qorannoon ogeessa fayyaa (medica provider) dhaan waldhaansa fayyaa akka bakka hun buune nan beeka. Bu'aa qorannichaa ilaalchisee, gorsa waldhaansaa, kununsa, ogeessa fayyaatin waldhaanamuu yookin dhaabbata waldhaansa fayyaa kennu kan biroo irratti gaaffii yookin yaaddoo yoon qabaadhe, barataan armaan olitti maqaan isaa eerame mallattoo COVID-19 yoo agarsiise, yookin barataan armaan olitti maqaan isaa eerame fayyaan isaa yaadessaa yoo ta'e itti gaafatamummaa guutuu nan fudhadha.
4. Akkuma qorannoo fayyaa kamiyyuu, bu'aan qorannoo COVID-19 sobaan poozitiivii yookin neegatiivii carraan ta'uu isaa bal'aa akka ta'e nan beeka.
5. Bu'aa qorannoo poozitiivii yoo ta'e, ogeessa fayyaa barataa armaan olitti maqaan isaa eerametti himuun itti gaafatamummaa koo akka ta'e ittan walii gala; akkasumas koppiin isaa ogeessaa ogeessa fayyaa baratataa armaan olitti maqaan isaa eerameef hin ergamu.
6. Bu'aan qorannoo antijiinii daqiiqaa 15-30 gidduutti akka bahu nan beeka.
7. Bu'aan qorannoo antijiinii poositiivii yoo ta'e, barataan armaan olitti maqaan isaa eerame namoota kan biroo akka hin faallef adda of baasuu akka qabu nan hubadha, ittan walii galas.
8. Waa'ee kaayyoo qorannichaa, adeemsa isaa, bu'aa fi rakkina inni qabu natti himameera. Ani osoon gara qorannoo COVID-19 hin deemin dura carraa gaaffii gaafachuu nan qabaadha. Barataan armaan olitti maqaan isaa eerame qorannoo COVID-19 akka itti hin fufne yoon barbade, qorannicha addaan kutuu akkan danda'u nan beeka.
9. Nageenya fi fayyummaa hawaasaa mirkaneessuuf akkasumas tatamsa'ina COVID-19 ittisuuf, bu'aan qorannoo osoon ani hin eeyyamin himamuu/qoodamuu akka danda'u nan beeka.
10. Bu'aalen qorannoo akkaataa seerri eeyyamuun aangawoota fayyaa hawaasaa dhimmi isaa ilaallatuuf akka qoodamu nan hubadha.
11. Osoo qorannoon hin gaggeeffamin dura yeroo kamittuu fedhii/walii galtee kiyya kaasuu nan danda'a.

## MIRKANEESSA/WALIIGALTEE QORANNOO COVID-19 TAASISUU

- Barataan armaan olitti maqaan isaa eerame qorannoo COVID-19 akka taasisu nan eeyyama.

\_\_\_\_\_

Mallattoo Maatii/Guddisee

\_\_\_\_\_

Guyyaa

- Qorannoo COVID-19 akka taasisu nan eeyyama.

\_\_\_\_\_

Mallattoo Barataa (waggaa 18 yookin isaa olii)

\_\_\_\_\_

Guyyaa